# سُورَةُ الصَّفِّ
# Suuraa Sgaffi

*Dura dursoo suuraa tun {suuratussgaffi} je'amti. قبل كل شئ هذه هي سورة الصف

*Isiin suuraa madiina'aati , وهي سورة مدنية

* Aayanni is'ii kudha afraffaa {14}. وآياتها ( ١٤ ) آية

*Lakkooysi isi'ii jahaatamii lama {61} وترتيبها ( ٦٠ )

*Isiin eega suuraa taghaabunii buute, نزلت بعد سورة التغابن

* Jalqabni dubbiii maqaa waaqa rahgmata qabuutii . بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Wanni samii dachii, hunda keessa jiru سَبَّحَ لِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

malaaykaa tayuu namaa tayuu jinni tayuu, waan mayraa tayuu, waan hin magarre tayuu, Rabbii tokkicha isii uume, waan isaan hin malle hundarra qul-qullеessiti arraba Rabbiin isi'ii uumen.

1}*Rabbiin kan waa takka isa hin injif-anne, kan waan dalagu mara akka hikmaa qabuun dalagu. وَهُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿١﴾

2}*yaa warra Rabbiifii ergamaa isaa dho- يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لِمَ تَقُولُونَ مَا لَا تَفْعَلُونَ ﴿٢﴾

go'oomse, maalif waan hin dalayne ni dalayna jettan? Maalif baallama guutu'uu hin teeyne seentan maalif hoggaa waa odeessitan kijibdan, maalif hoggaa amaa-naa namarraa fuutan gantan.

*Rabbi biratti dallansuu akkaan guddata كَبُرَ مَقْتًا عِنْدَ اللَّهِ

3}*Waan takka afaaninjettanii eegasii da- أَنْ تَقُولُوا مَا لَا تَفْعَلُونَ ﴿٣﴾

laguu dhabuun afaanin waan gaarii akkanaati dalayna jettanii, hoggaa waytiin dalaga'aa geese dalaguu dhabuun, waan gaari'itti nama gorsitanii, ifii dalaguu dhabuun, dilii akkaan guddo'ooti, Rabbi biratti, akkasuma waan hamtu'urraa nama dhowwitanii, ifii dalaguun Rabbi biratti akkaan jibbama, wanni aayanni tun buutef garii orma islaamatiitu, kan yoon xilaata arge, hin dheysu, je'uu ture, duula seennan dheyse, hoggaa san Rabbiin dalagaa tana mu'minarraa jibbe, mu'minni waan dalagu'uu deernu, cal'iseetuma dalagu'u, maalif nan dalaga je-chuun fafa namatti fiddi , yoo waan dabre nan dalaga jette, sun kijiba taati, yoo waan dhufaa taa'u nan dalaga jettee dalaguu baatte, sun baallama diiguu je'ama , tanaaf jecha waan dalagan cal'isaniituma dalaguu

إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلَّذِينَ يُقَٰتِلُونَ فِى سَبِيلِهِۦ

*Rabbiin warra karaa isaa keessatti jihaada godhu jaalata.

صَفًّا كَأَنَّهُم بُنْيَٰنٌ مَّرْصُوصٌ ﴿٤﴾

4}*Salfi'itti dhaabbatanii akka dalayda jaba'atti.ma'naan kanaa ; Rabbiin warra hoggaa jihaadatti, qabsoo haqatti, seene diina hin dhaysine, kan dhaabatee obese lolu jaalata, kan too ftaa lolaa , kan xilaata dulaan dhaabbatu beeku jaalata, kan duraan nan lola je'ee, hoggaa lola seenu dheysuu mitii , maalif jihaada keessatti du'uutu, du'uu dhabu'urraa mu'minaaf caalaa, akkamitti dheysa? Yeo tooftaa lolaatiftaate malee.

وَإِذْ قَالَ مُوسَىٰ لِقَوْمِهِۦ

*Waan nabi muusan ummata isaatin je'e dubbadhu.

يَٰقَوْمِ لِمَ تُؤْذُونَنِى

*Wanni inni je'een ; yaa ummata kiyya waan na miidhu natti dalaydanii maana miitan, waanan an dhufeen shari'aa Rabbii qeebaluu diddanii, afaanini na arrabsitanii, wanni isaan je'uu turan ; muusan wanni akka keenyatti qaama if hin qulleesineef chi dhaan guddata je'an, duuba gaaf tokko, isaa laga bu'ee huccuu dhaga'arraa kaayatee qaama dhiqatu'utti jiru, dhagaan huccuu duraa fuudhee ceyeen, duuba nabi muusan jala ceyee, yaa dhagaa huccuu tiyya naa kenni je'ee irra buufate , eega bakka ummanni isaa tattaa'un gayee, hogga a san ummanni isaa akka inni cidhaan hin guddanne arganii saniin isa arr absuu dhiisan, haatayuu waan inni odeessu, keessatti isa kijibsiisuu, itti fufan, hoggaa san nabi muusan akki je'een; yaa ummata kiyya maalif na kijibsiiftan ?

وَقَد تَّعْلَمُونَ أَنِّى رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيْكُمْ

*Odoo an nama Rabbirra isinitti ergame tayuu beytanuu? Mujizaa hedduu narraa agartaniin,

فَلَمَّا زَاغُوٓا۟

*Duuba ummanni muusa'aa qajeeluu didee kara'aarra jallannaan.

أَزَاغَ ٱللَّهُ قُلُوبَهُمْ

*Rabbiin qalbii isaanii iimaanarraa jallise.

وَٱللَّهُ لَا يَهْدِى ٱلْقَوْمَ ٱلْفَٰسِقِينَ ﴿٥﴾

5} *Rabbiin warra karaa haqarraa jallate hin qajeelchuu

وَإِذْ قَالَ عِيسَى ٱبْنُ مَرْيَمَ

*Ammas waan nabi iisan ilma maryam ummata isaatin je'e dubbadhu wanni inni je'een.

يَٰبَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ إِنِّى رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيْكُم

*Yaa ilmaan ya'quub an nama Rabbirraa isinitti ergame

مُّصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَىَّ مِنَ ٱلتَّوْرَىٰةِ

* Anaa tawraat na dura buufame dhogo'oornsu. itti amanu.

وَمُبَشِّرًۢا بِرَسُولٖ يَأۡتِي مِنۢ بَعۡدِي

*anaa ergamaa Rabbii kan na booda dhufu.

ٱسۡمُهُۥٓ أَحۡمَدُۖ

*Kan maqaan isaa { AHMAD} jeamuun isin gammachiisun isinitti dhufee, nan kijibsiisina'aa na dhugo'oomsa je'een, wanni {iisan} banii israa'iilin yaa gosa tiyya hin je'iniif isaatu isaanitti abaabuu hin lakkaawwanne'eefi.

فَلَمَّا جَآءَهُم بِٱلۡبَيِّنَٰتِ

*Duuba hoggaa nabi {iisan} mu'jizaa mul'attuu,akka inni ergamaa Rabbii teye addeessitu,tan akka nama du'ee qabrii ture jiraachusu'uu tan akka nama ija malee dhalateef ija banu'uu, iznii Rabbiitin.mu'jizaa tana fakkaattu heddu'uun itti dhufu.

قَالُواْ هَٰذَا سِحۡرٞ مُّبِينٞ ٦

6}*Kun sihrii.falfalajeanii dhogo`oomsuu didan, ummanni iisa'aa kuffaarri makkaatis waan mu'jizaa taye, tan nabi Muhamamadittiin dhufe qeebaluu didanii, wanni inni dhufeen falfala je'e.

وَمَنۡ أَظۡلَمُ مِمَّنِ ٱفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ ٱلۡكَذِبَ

*Eenyu namni kijiba Rabbirraa kaayerraa dilii dalage.

وَهُوَ يُدۡعَىٰٓ إِلَى ٱلۡإِسۡلَٰمِۚ

*Isaa islaamatti yaamamu, kan bakka qeebaluun irraa barbaadamu kun falafa je'ee kijibsiisu.

وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ٧

7}*Rabbiin warra cubbuu dalagu waan gaari'itti hin qajeelchu.

يُرِيدُونَ لِيُطۡفِـُٔواْ نُورَ ٱللَّهِ بِأَفۡوَٰهِهِمۡ

*Ormi kuffaaraa sun nuura{ ifaa } Rabbii, nabi Muhammad, yookaa qur'aanaa yookaa diin islaamaa, afaan isaanitiin dhaamsuu fed han inni falfala, walaloo, raga, jechu'uun.

وَٱللَّهُ مُتِمُّ نُورِهِۦ

*Rabbiin kan diin isaa, diin islaam, mul'isu, kan biyya hunda waliin gayu.

وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡكَٰفِرُونَ ٨

8}*Odoo diin islaamaa facauu kuffaarri jibbelle'ee ,mee atuu laali,kuffaarri makkaa diinaa islaamaa jibbuu ture , akka hin facaanef, waa hunda dalaguu ture, duuba jibbanis kuffaara makkaa, waa takka faca'uu hin dhoowwine, kuffaarri biraatis hangamuu islaama haa jibbuu, dura dhaabbatee faca'uu dhoowwuu. Hin dandayu, Rabbitu oofaa.

هُوَ ٱلَّذِيٓ أَرۡسَلَ رَسُولَهُۥ بِٱلۡهُدَىٰ

*Rabbiin, isa kan ergamaa isaa Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu qur'aanan erge.

وَدِينِ ٱلۡحَقِّ

*Kan diinaa dhuga'aatin erge .

لِيُظۡهِرَهُۥ عَلَى ٱلدِّينِ كُلِّهِۦ

*Akka diinaa islaarnaa, diinaa hundaa ol godhuuf jecha, akka diinaa yahuuda'a-atifii, diinaa kiristaanatiifii, diina biraa hundaa ol godhuuf, daliilafii ragaa haqaatin.

وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡمُشۡرِكُونَ ٩

9}*Odoo warri Rabbitti waa qindeessu, takkaa qixxeessu jibbelle'ee, odoo warri muka , akka taabotaa gabbaru jaalatullee baatee.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Yaa warra Rabbiifii ergamaa isaa dhugo'oomse,

هَلۡ أَدُلُّكُمۡ عَلَىٰ تِجَٰرَةٖ تُنجِيكُم مِّنۡ عَذَابٍ أَلِيمٖ ١٠

**10}** *Naggada,yookaa daldala,azaaba isin laalessurraa nagaya isin baasutti,isin qajelchuu.

تُؤۡمِنُونَ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ

*Nagganni sun;Rabbiifii ergamaa isaa Muhammad dhugo'oornsu'u irratti jabaatuu, keessani

وَتُجَٰهِدُونَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Diin Rabbii tiysu'uuf, takkaa jabeessu'uuf jihaada godhuu.

بِأَمۡوَٰلِكُمۡ وَأَنفُسِكُمۡۚ

*Horii keessaniifii, lubbuu teessaniin.

ذَٰلِكُمۡ خَيۡرٞ لَّكُمۡ

*Iimaanafii jihaada santu ,waa hundarra isiniif caala.

إِن كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ ١١

11}*yoo waan isiniif irra caalu beytan, isa kanatti jabaadhaa, qabsoo haqatti jabaadhaa.

يَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡ

*Rabbiin dilii teesan hunda isiniif araaramaa.

وَيُدۡخِلۡكُمۡ جَنَّٰتٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ

*Jannata manneenifii masanoo isaa jala lagootin alii gad yaatu isin seensisa .

وَمَسَٰكِنَ طَيِّبَةٗ فِي جَنَّٰتِ عَدۡنٖۚ

*Monootii gaggaarii jannata ,teessumaa keessaa,isinii kenna.

ذَٰلِكَ ٱلۡفَوۡزُ ٱلۡعَظِيمُ ١٢

12}*Milkiin guddoon sanii beekaa.

وَأُخۡرَىٰ تُحِبُّونَهَاۖ

*Ammas badhaasa biraa, kan isin amma jaalattan isinii kenna.

نَصۡرٞ مِّنَ ٱللَّهِ وَفَتۡحٞ قَرِيبٞۗ

*Sun Rabbiin diina keessanirraa isin

aansu'uu, dhiyo'otti biyya isaanii qubatu'uu zamana nabii makka qabtuu, kan duraan harka kufTaaraa jirtu.isaan booda faarisiifii, ruum, isaanii banuu, moosisuu isaan boodammoo, biyyuma islaamni barbaadu hunda isaanii banuu.

وَبَشِّرِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ﴿١٣﴾

13}*Warra Rabbitti amane jannataafii, mooyanna'aafii gargaarsa Rabbiitin gammachiisi.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُونُوٓاْ أَنصَارَ ٱللَّهِ

*Yaa warra Rabbitti amane, cifraa diinaa Rabbii tayaa, diinaa isaa ol qabaa, jabbeessaa,

كَمَا قَالَ عِيسَى ٱبۡنُ مَرۡيَمَ لِلۡحَوَارِيِّـۧنَ مَنۡ أَنصَارِيٓ إِلَى ٱللَّهِۖ

*Akka nabi iisan ummata isaa, hawaariyyootan je'e wanni inni isaanin je'e : eenyu namni na wajji dhaabbatee, naa tumsee diin Rabbii facaasu'urratti na gargaaru, jechu' jennaan.

قَالَ ٱلۡحَوَارِيُّونَ نَحۡنُ أَنصَارُ ٱللَّهِۖ

*Hawaariyyooni warri duraan itti amane adaadin nuutu si wajji dhaabbatee, diinaa Rabbirratti si.gargaara, je'een, duuba akka asaabonni nabi iisa'aa iinaa Rabbii gargaaretti isinis diinaa Rabbii gargaaraa akka asaabonni iisa'aa diinaa isaa gargaaru'uu qophaa yeti isinis qophaayaa

فَـَٔامَنَت طَّآئِفَةٞ مِّنۢ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ وَكَفَرَت طَّآئِفَةٞۖ

*Duuba ilmaan israa'iilirraa tuutti takka nabi iisa'atti amanteeti ,tuutti takka itti kafarte .inni ilma rabbii, jettee .jarri lamaan wal lolee.

فَأَيَّدۡنَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ عَلَىٰ عَدُوِّهِمۡ

*Duuba warra nabi iisan gabricha rabbi ergamaa isaati je'ee, diinaa haqaa kan nabi iisan dhufeen qabate, nyaaba yookaa xilaata isaanii kan iisan ilma rabbiiti, yookaa iisan rabbi, je'ee kafarerratti gargaarree.

فَأَصۡبَحُواْ ظَٰهِرِينَ ﴿١٤﴾

14}*Warri amane,warra kafare san injifate yookaa mooyate, keessattuu karaa daliilaa,yookaa ragaa haqaatin .keessattuu eega nabi muhammad ergamee.qur'aanni haala nabi iisa'aatifii, haala haadha isaa akkaan ibsee, warri amane tumsaragaahaqaa argate.warra amane, kan iisan gabricha rabbiitii yaadu, kan warra iisan rabbi, yookaa ilma rabbiiti je'u, injifaterraa tokko, mootii habasha'aati